# سُورَةُ القِيَامَةِ
# Suuraa Qiyaama aa

*Dura dursoo suuran tun suuratul qiya-amaah je'amti.
قبل كل شئ هذه هي سورة القيامة

*Isiin suuraa makkaati.
وهي مكية

*Aayaanni isiidhaa afurtama {40}
وآياتها ( ٤٠ )

*Lakkooysi isi'ii torbaatamii shani {75}
وترتيبها ( ٧٥ )

*Isiin eega suuraa qaari'aadhatii buute[
نزلت بعد سورة القارعة

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgrnata qabuutii.
بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

L}*Guyyaa qiyaama'aatinan khadhadhaa
لَآ أُقۡسِمُ بِيَوۡمِ ٱلۡقِيَٰمَةِ ١

2}* Ammallee lubbuu abbaa zigaaltunan
وَلَآ أُقۡسِمُ بِٱلنَّفۡسِ ٱللَّوَّامَةِ ٢

Khakhadhaa Iubbuu iimaana qabdu, lubbuu yoo waan gaarii dalayde ,maalif xiqqeessitejettee ifzigaaltu, tan yoo waan hamtuu dalayde, maalif dalayde jettee if zigaaltu, takkaa if komattu,tan sheenoytee araara Rabbirraa barbaa-ddun khakhadhee, eega duutanii kaafamtanii gaafatamu'uuf jiraattan.

*Si namni Rabbitti kafare, ni seyaa, ni yaadaa,
أَيَحۡسَبُ ٱلۡإِنسَٰنُ

3}*Waan nuti isa jiraachifnee, kaasu'uu jecha, lafee isaa walittin qabne seyaa? Hin seyin jechu',
أَلَّن نَّجۡمَعَ عِظَامَهُۥ ٣

*dhugaa walitti qabnaa,
بَلَىٰ

*Walitti qabu'uun wajji ni dandeenya,
قَٰدِرِينَ

4}*Qubbeen ,isaa,uumnee, deebisuu ni
عَلَىٰٓ أَن نُّسَوِّيَ بَنَانَهُۥ ٤

dandeenya.qubbeen,takkaa mataan qubbeenii, waan xixiqqoo tayu'uun wajji. duuba namni waan xixiqqoo akkasii uumu, waan guddoo uumuu wahi dadhabaa? mee namni saa'aa xiqqoo tolchu, saa'aa guddoo tolchuu ni dadhabaa? hin dadhabu jechu', akkasuma qubbeen tolchuun qaamaa hunda tolchuu yookaa uumuu beysisa.

بَلْ يُرِيدُ ٱلْإِنسَٰنُ لِيَفْجُرَ أَمَامَهُۥ ٥

5}*Inumaa namni Rabbitti kafare ,wanni fedhu ,guyyaa qiyaama'aa khijibsiisu'uun, kufri'irratti didu'u, {amaamahuu} jechuun ; guyyaa qiyaama'aa jechu'.

يَسْـَٔلُ أَيَّانَ يَوْمُ ٱلْقِيَٰمَةِ ٦

6}*Kaafirtichi, guyyaan qiyaama'aa , yoom je'eeti gaafata, qishna'aaf jecha.

فَإِذَا بَرِقَ ٱلْبَصَرُ ٧

7}*Duuba guyyaa ijji waan hin dhufu jettee kijibsiifte, gartee rifattee dhamaate sun ija kuffaaraa tan odoo qiyaamaa moromtuu duutee gartee,

وَخَسَفَ ٱلْقَمَرُ ٨

8}*Gaafa ji'arraa ifni deemee, dukkanaaye.

وَجُمِعَ ٱلشَّمْسُ وَٱلْقَمَرُ ٩

9}*Gaafa adu'uufii jiini walitti qabamanii ifni isaan lamaanirraayuu deeme, takkaa adu'uufii jiini walitti qabamanii gara dhiyaatin bayan. sun guyyaa qiyaama'aati.

يَقُولُ ٱلْإِنسَٰنُ يَوْمَئِذٍ أَيْنَ ٱلْمَفَرُّ ١٠

10}*Gaafas kaafirri akki je'u; azaaba Rabbii jalaa eessan seena? takkaa eessattin jalaa baya? je'a.

كَلَّا لَا وَزَرَ ١١

11}*Lakkii ,bakki ,itti .ialaa ,bayan ,takkaa itti dheysan hin jirtu.

إِلَىٰ رَبِّكَ يَوْمَئِذٍ ٱلْمُسْتَقَرُّ ١٢

12}*Gaafa san wanni Rabbiin uume hundi, gara,Rabbii ,keetiti, deebiti, waan addunya'arratti dalayderraa gaafatamu'uu jecha.

يُنَبَّؤُا۟ ٱلْإِنسَٰنُ يَوْمَئِذٍۭ بِمَا قَدَّمَ وَأَخَّرَ ١٣

13}*Gaafas namuttuu wanni inni dalage marti ni odeeffamti ,wanni inni dura aansee dalageefii.wanni inni boodaa aansee dalage marti katabamteeti jirtii, itti kennamtii, waan dalage hunda beekhu'uuftaa'a.

بَلِ ٱلْإِنسَٰنُ عَلَىٰ نَفْسِهِۦ بَصِيرَةٌ ١٤

14}*Inumaa namni hundi gaafas ifumaaf raga ,ifumaaf ifitti bayaa ,humniti isaa hundi waan dalayde hunda ni hi mtii, ragumti biraatuu hin barbaadamu.kan yoo inni maaltu is in dubbisiisee ,kan dur hin dubbanne ragaa natti baatan je'een ? Rabbii waa hunda dubbisiisetu

nu dubbisiise jettuun ,gaafas arrabni ni cal'isaa humna biraatitu dubbataa, ragaa isatti baatii, nam tokkolleen waan dalage moromuu hin dandayu

وَلَوْ أَلْقَىٰ مَعَاذِيرَهُۥ ﴿١٥﴾

15}*Odoo sababaa, takkaa uzrii balleessaa jalaa isa baaftu hunda fidelle`ee,odoo waan gaari'iifan waan san dalage malee, waan hamtu'uu jecha hin dalayne je'ee, falmelle'ee, falmaan isan fayyaddu, waan hurnniti isaa waan inni dalageefii ,sababaa inni dalageef hundaan ragaa isatti baatuf jecha .Rabbiin akkaaaa nabi Muhammad jibriilirraa qur'aana itti qabatu nuu himu'uu jecha, akauma akka itti waa baratan nuu himu'uu jecha, akki je'e,

لَا تُحَرِّكْ بِهِۦ لِسَانَكَ

*Yaa ergamaa kiyya muhammad hoggaa jibriil qur'aana si qaraasisu, odoo inni qara'ee hin fin'e, qara'uudhaa jettee arraba kee hin sossoosin,

لِتَعْجَلَ بِهِۦٓ ﴿١٦﴾

16}daddaftee qara'uudhaf jecha ,waan inni qara'eetu na jalaa badaa soda'aaf jecha

إِنَّ عَلَيْنَا جَمْعَهُۥ

*waa takka hin sodaatin, nuutu qur'aana qomatee keessatti walitti qabaa, wanni jibriil sirratti qara'e takkittilleen si jalaa hin badduu,

وَقُرْءَانَهُۥ ﴿١٧﴾

17}*Ammallee nuutuu akka arrabni kee qur'aana qabatu,kan irraan dhayn'e godhaa

فَإِذَا قَرَأْنَٰهُ

*Tanaaf jecha hoggaa karaa jbriilin ,qur'aana .sirratti ,qaraanu,

فَٱتَّبِعْ قُرْءَانَهُۥ ﴿١٨﴾

18}*Waan jibriil qara'u dhaggeeffadhuu .eega.inni irraa raaw'atee qara'i.

ثُمَّ إِنَّ عَلَيْنَا بَيَانَهُۥ ﴿١٩﴾

19}*Duuba , eega ,qur'aana qomatti qabattee ,arrabaan qabattee,ma'naa isaa nuutu si beysiaa,waa takka hin irraanfattu ,duuba nabi muhammad eega aayanni tun buutee, hoggaa jibriil qur'aana itti fidu,dura qaraatii jibriil dhaggeeffateeti eegasii qara'aa, waa takka jalaan badu, maalif nabi muhammad waan takka dhagaye hin irraanfatu, akka Rabbiin je'e ;{sanuqri'uka falaa tansaa{ سنقرؤك فلا تنسى} isi qaraasifnaa hin irraanfattu} je'ee baallama seenefii jirutti

كَلَّا بَلۡ تُحِبُّونَ ٱلۡعَاجِلَةَ ﴿٢٠﴾

20}*Dhagayaa,isin ormi kuffaaraa addunyaa jaalattan,takkaa ormi kuffaaraa addunyaa jaalata, isi'iif du'an, isi'iif dalagan, takkaa dalaydan.

وَتَذَرُونَ ٱلۡأٓخِرَةَ ﴿٢١﴾

**21}*** Ammoo aakhira'aa dalaguu ni, dhiiftan ,odoo addunyaan waan ,dhabamaa .aakhiraan waan hafaa taatuu.

وُجُوهٞ يَوۡمَئِذٖ نَّاضِرَةٌ ﴿٢٢﴾

22}*Guyyaa qiyaama'aa, aakhira'atti fuulli nama gari'ii ni ifa, ni bareeda, ni gammada, isaan warra amane, kan tolee,

إِلَىٰ رَبِّهَا نَاظِرَةٞ ﴿٢٣﴾

23}*Isaan gara Rabbii isaaniti laalan ,takkaa daaw'atan,

وَوُجُوهٞ يَوۡمَئِذِۭ بَاسِرَةٞ ﴿٢٤﴾

**24}***Ammas guyyaa qiyaama'aa san ,fuulli nama gari'ii walitti butama', fokkata', rifata'.

تَظُنُّ أَن يُفۡعَلَ بِهَا فَاقِرَةٞ ﴿٢٥﴾

25}*Warri , fuulli , isaanii hammaate, sun wanni seyan,takkaa ifirratti eegan, balaan gurguddoon isaanitti bu'uu ,cinqiin dudda isaan caphsitu isaanitti as deemu',waan addunya'arratti Rabbitti kafaraniif jecha, {Faaqirah} jechuun; tan lafee duddaa nama cabsitu jechu'.

كَلَّآ إِذَا بَلَغَتِ ٱلتَّرَاقِيَ ﴿٢٦﴾

26*}lakkii lubbuun takka yoo du'aaf kaatee qaama keessaa bayu'uuf morma keessa geesse

وَقِيلَ مَنۡۜ رَاقٖ ﴿٢٧﴾

27}*Kan namni nama du'atti jim san maddii taa'u.eenyu namni nama kana nuu wal'aanu, takkaa nuu fayyisu je'ee rakkatu , doktoora, ogeessa nuu yaamaa je'ee,

وَظَنَّ أَنَّهُ ٱلۡفِرَاقُ ﴿٢٨﴾

28}*Kan namichi du'atti jim sun, homaa du'ee nama kiyyaan, joollee tiyyaan, horii kiyyaan, adda bayee hubate.

وَٱلۡتَفَّتِ ٱلسَّاقُ بِٱلسَّاقِ ﴿٢٩﴾

29}*Kan sarbaan lamaan rratti duutee walitti maramte,takkaa kan cinqiin lamaan irratti wal gee sse jechu', cinqiin lamaan cinqii addunya'aa, tan sakaraatulrnawtitiifii, akkasuma cinqii addunya'arraa godaanu'uutifii, cinqii aakhira'aa tan azaaba qabri'iitu irratti wal gaye jechu.

إِلَىٰ رَبِّكَ يَوۡمَئِذٍ ٱلۡمَسَاقُ ﴿٣٠﴾

30}*Gaafas lubbuun hundi gara rabbi keetiti oofamti lubbuun mu'rninaatifii ta kafiralleen.duaan gara Rabbii keetii deebiti gaafatamu'uu jecha, duuba namni kaafiraa achitti rakkatu'uu jiraata.

فَلَا صَدَّقَ

*maalif namni kaafiraa sun qur'aana hin dhugo'oomsine, waan inni dhufeen hin qeeballe,

وَلَا صَلَّىٰ ﴿٣١﴾

31}* Ammas salaata isarratti wajabde hin salaanne

وَلَٰكِن كَذَّبَ وَتَوَلَّىٰ ﴿٣٢﴾

32}*Haa tayuu inumaa qur'aana khijibsiiseti, iimaanarraa , gara gale.

ثُمَّ ذَهَبَ إِلَىٰٓ أَهۡلِهِۦ يَتَمَطَّىٰٓ ﴿٣٣﴾

33}*Eega akkasitti qur'aana kijibsiisee, iimaanarraa gara galee,isaa boonu mana isatti gale, takkaa warra isatti dhaqe.

أَوۡلَىٰ لَكَ فَأَوۡلَىٰ ﴿٣٤﴾

34}*Yaa namichana, ati ibidda azaabatu siif qophaayee taa'aa, ibiddi sitti dhiyaatee eeggadhu,if dhaqqabi, siif irra caala, Rabbitti amani.

ثُمَّ أَوۡلَىٰ لَكَ فَأَوۡلَىٰٓ ﴿٣٥﴾

35}*Ammas iifan itti deebi'aa ,odoo balaan sittin buune, dafii if dhaqqabii amam.

أَيَحۡسَبُ ٱلۡإِنسَٰنُ أَن يُتۡرَكَ سُدًى ﴿٣٦﴾

36}*Si namni nuti uumne sun waan qabri'ii hin kaafamne ,kan, hin gaafatamne kan waa dalagu'uufii,waa dhiisu'utti ajajamee ,akka dubbii Rabbii dhagayuufii kaan hin laalamne, kan akkuma hori'itti dhiifamu seyaa? hin seyin dubbiin akkasii mitii, qabri'ii ni kaafamaa, ni gaafatamaa, sun waan Rabbi dhibuu mitii.

أَلَمۡ يَكُ نُطۡفَةٗ مِّن مَّنِيّٖ يُمۡنَىٰ ﴿٣٧﴾

37}*Si ilmi namaa bishaan xiqqaa dhiira keessaa bayee , gadaamessa haadhaa keessatti naqame.

ثُمَّ كَانَ عَلَقَةٗ

*Kan eegasii dhiiga ititaa tayee, eegasii foon tayee jiru,

فَخَلَقَ

*Duuba akkasitti Rabbiin nama uumee,

فَسَوَّىٰ ﴿٣٨﴾

38}*Humna isaa guutee wal qixxeesse ,ta-yuun turree

فَجَعَلَ مِنْهُ

*kan bishaan dhiirafii dhala'arraa bayee, gadaamessa haadhaa keessatti walitti laa-qa-merraa,

ٱلزَّوْجَيْنِ

*Gosa namaa lamaan uume

ٱلذَّكَرَ وَٱلْأُنثَىٰٓ ﴿٣٩﴾

39}*Gosti namaa lamaan dhiirafii dhal-a'aa,Rabbiin bishaan tokkorraa lakkuu go-dhee dhiirafii dhalaa uuma ,takkaa dhalaa lama takkaa dhiira lama uuma, dandeytii isaatin, beekkomsa isaatin.

أَلَيْسَ ذَٰلِكَ

*Si Rabbiin waan dubanne san akkasitti uume,

بِقَٰدِرٍ عَلَىٰٓ أَن يُحْـِۧيَ ٱلْمَوْتَىٰ ﴿٤٠﴾

40}*Warra,du'ee,qabriijiru jiraachisee qa-bri'ii ,kaasuu ,hin, dandayuu? ni dandaya jechu', nabi Muhammad na geenyi isar-ratti haa jiraatuu, akki je'e; namni aayata tana qara'e{dhug a'aan dandaya} haa je'uu